


# Ricin (Raaysiinii)

## Raaysiniin maaliidhaa?

Raaysiniin gosa summii dhaa ti. Kan argamus biqiltuu qobboorra dha. Biqiltuuwwan kun zayita qobboo homishuufis faayidarra ni oolu.

Raaysiniin bifa dhangalaa'an, daakuudhaan, calalaqaan kurfaan qophaa'u ni danda'a. Eenyuu iyyuu akka tasaa summii raaysinii dhaan summawuun carraan muddachuu danda'u xiqqoo dha. Namni tokko summii raaysiniidhaan summaawuu kan danda'u haa tahu jedhee akka meeshaa waraanaatti yoo itti fayyadamee dha.



*Firii qobboo*

Raaysiinii nyaata ykn bishaan keessatti naqudhaan namoota summii kanaan miidhuuf faayidarra oolu ni danda'a. Raaysiniin bifa dhangala'an ykn daakuudhan jiru qilleensa keessatti yoo gadi-dhiisame namoonni yammuu qilleensa gara somba isaanitti harkisan summaa'u ni danda'a. Waqitii qilleensaa waliin makamu gogaa qaama namaa keesaa galuu ni danda'a. Tahus garuu kun karaa raaysiinii dhaqna namaa summeessuu danda'an irraa isa yaraa dha. Kana malees summii kana marfeedhan nama waraanani nama sumeessuuf faayidarra oolu ni danda'a.

Raaysaniin summa'uun du'a hordoofsiisuu kan danda'u hoggaa tahu, garuu yeroo hunda tahuu hin danda'u. Mallattoowwan mul'atan hamma raaysinii fi karaa dhuunfaan summii kanaaf itti saaxilame irratti hunda'u:

- Raaysaniin **nyaata ykn bishaan keessa jiru** mallattoowwan haala ol'aanaadhaan "summaawu nyaataa" kan agarsisu hoggaa tahu, isaanis haqqsisuu fi dhiiga teessisuu dabalatu. Haala kanaan summaawuun nyaataa tiruu fi kalee ni miidha. Hangi summichaa guddaa yoo tahe guyyaa sadi keessatti nama ajjeesuu ni danda'a. Raaysiniin miliigiraamiin tokko nama guddaa tokko ajjeesu ni danda'a.

- Namni raaysinii **gara somba saatti harkise** sa'aatii sadi keessatti qufa'uu jalqaba. Sa'aatii 18 fi 24 kessatti haqqisa, garaa kaasaa fi dhibee hordoofsiisa. Hangi summichaa hedduu yoo tahe sababii miidhaa onnee, hidda dhiigaa fi dhangala'a sombaa keessatti argaman irratti qaqqabuun sa'aatii 36 irraa hanga sa'aatii 72 tti nama ajjeessa.
- Namni raaysinii **lilmeedhaan waraaname** battaluma naannoo qaama saa lilmeedhaan waraaname ni dhabamsisa. Battalumattis ni ajjeessa. Kunis kan tahu sababii qaamooleen muummee qaama keessaa hojii dhaabuudha.
- Carraan **karaa gogaa qaama namaatiin** qaama namaa keessaa galee nama summeessu yaraa dha. Carraan du'a hordoofsisun saa warra kan biroorraa xiqqaa dha. Kana faayidaarra oolchuuf wanta gara dhangala'aatti qal'dhiisuun qallachuu qaba. Mallattoowwan mul'atan, gosa summicha qal'dhisuudhaan faayidarra yoo oolee fi gogaa qaama namaa wajjiin yeroo hammamiif haga waltuqe tureen kan murtawanii dha

## Namni raaysiniin summaawe waldhaanamuu ni danda'aa?

Yeroo ammaatti summii raaysiniif qorichi hin jiru. Garuu mallattoowwan summii raaysinii waldhaanamuu ni danda'u. Waldhaansichi haala summichaaf saaxilaman irratti kan hunda'u hoggaa tahu, garuu gargaarsa hafuura itti baafatan akkasumas dawaalee hidda dhiiga keessaatiin kennamanii fi dhangala'a ni dabalata. Dhukkubsattoonni guyyootii shan ol turan fayyuuf carraa gaarii qabu.

## Namootni summii raaysiniidhaan summawurraa eegamuu ni danda'u?

Yeroo ammaa namoonni dursaani raaysinii dhaan summaawu irraa eeguuf karaan itti danda'amu hin jiru. Karaa tallaalii itti argamuu danda'u qorannoorra jira.



Communications Office  
625 North Robert Street/Box 64975  
St. Paul, MN 55164-0975  
(651) 201-4989  
www.health.state.mn.us

## Ricin – fuula 2

---

### **Raaysinii dhaan summawuun nama biraa irraa namatti dabruu ni danda'aa?**

Raaysiniin gosa summii dhaa ti. Sababii wanta lubbuu qabuun kan dabruu miti. Akkasumas nama tokko irraa gara nama tokkootti kan dabruu miti.

### **Maaliif raaysinii akka meeshaa goltummaa tilmaamamu kan danda'u?**

Raaysiniin meeshaa waraana tahee faayidaarra oolu danda'u saaf walakkaa jaarraf qoratameera. Ameerikaaniin waqiti waraana addunyaa isa jalqabaa qorattee kan turte hoggaa tahu, waraana addunyaa isa lammaffaatti saantistooni Ameerikaa fi Ingilizii bombii raaysinii hojjachudhan ittin yaalii godhani ture. Gareen milishaa kibba lixa Mineesootaatti argamu jalqaba baroota 1990 irratti warra seera kabachisan irratti ittiin miidhaa qaqqabsisuf yaale ture. Iraaq raaysinii akka.

meeshaa waraanatti akka hojjatte kan itti amanamu yammuu tahu, Alqaayidaan raaysinii wajjin kan waliin qunnamu tahu saaf ragaaleen muldhiisan jiru. Bara 1978 itti nama lammummii Bulgaariyaa qabu tokko ajjeesuuf buufata Awatobusi Landanitti lilmeen waraanuudhaan faayidarra oole ture.

Raaysinii nama fixu meeshaa jilmaa tahe faayidaarra oole hin beekamu. Raaysinii hedduu qilleensa keessatti gadi-dhiisuun kan dand'amu tahusaf wanti ifaatti beekamu hin jiru. Raaysiniin hojjiirra oolu kan danda'u iddoo murta'e irratti kan akka karaa lafa keessaa, awatobusi keessaa fi qinxaaboodhan suuqii keessatti fayadamun.

Sababiin raaysiniin meeshaa gooltummaa tahee kan ilaalamu:

- rakashaa fi haala salphaadhaan hojjatamuu kan danda'u tahuu isaa,
- tallaallisi tahee waldhaansa kan hin qabne tahuu isaa,
- haalaan summaawaa tahusaa fi hedduu kan ajjeessuu tahuu isaa.

### **Raaysiinitti yoon saaxilame maal gochuun qaba?**

Raaysiiniif kan saaxilamatan tahuu keessaniif sababii amansisaa kan qabdan yoo tahe, battalumatti haakiima keessan dubbisaa. Naannoo keessanitti *keemikaaloonni* raaysinii fakkaatan akka meeshaa waraanatti faayidarra oolu isaani dabalate haalawwanii fi sochiwwan shakkiisisan kamiyyuu yoo isin muddate eejeensii kabachisa seeraa naannoo keessan jiruf beeksisa.